

[Insert name of recipient and address here (optional)]

Jaallatamoo maatii fi kunuunsitootaa

### **Ibsa Barnoota Ce'umsaa fi Guddina Daa'ima keessanii**

Daa'imni keessan jalqabbii mana barumsaa gaarii ta'e akka qabaatu deeggaruuf, Ibsa Barnoota ce'umsaa fi Guddina isaaniif barressaa jirra. Ibsi Ce'umsaa kun odeeffannoo waa'ee barnootaa fi fayyaa daa'ima keessanii kanneen kanaa gadii wajjiin karaa itti qooddattanidha:

- Isiniif
- tajaajila keenya
- mana barumsaa daa'ima keessanii kan gara fuulduraa
- Aawutsaayid Iskuul Haaworsi Keerii (OSHC) daa'imman keessanii kan gara fuulduraa, yoo gara mana barumsaa tokkootti ni deemu ta'eef

Ibsi Ce'umsaa kaninni qabu odeeffannoo waa'ee:

- Fedhii, ogummaa fi dandeettiwwan daa'ima keessanii
- daa'imman keessan haala gaariin akka barataniif akkatti deeggaraman.

Odeeffannoon kun manni barumsichaa daa'imman keessan caalchisee akka deeggaruuf gargaara.

### **Wanti nuti akka isin gootan barbaadnu**

Ibsi Ce'umsaa kun kutaalee garaagaraa barsiisaa wayita daa'imummaa daa'imman keessanii, isinii, fi daa'ima keessaniin guutamuu qaban qaba. **Maaloo Kutaa 3 xumuraa: Maatiin[Akkasumas daa'imni keessan Kutaa 2 ffaa : Daa'ima akka guutan gargaaraanii] akkasumas hanga gaafa [insert date here] itti gara tajaajila keenyaatti deebisaa galchaa.**

Gumaachi keessan barbaachisaadha, garuu dirqama miti. Kun barsiisaa qophaa'inaa daa'imman keessaniif (fi yoo OSHC ni deemu ta'e, barsiisaa OSHC isaaniif) waa'ee daa'imman keessanii hubannoo fooyya'aa ta'e kennaafi akkasumas barnoota fi fayyummaa daa'imman keessanii akka karoorsaniif isaan deeggara.

### **Ittaanee maaltu ta'a**

Barsiistuun wayita daa'imummaa daa'ima keessanii kutaalee Ibsa Ce'umsaa walitti qabde hundumaagargalacha isaa isiniif ni kenniti. Manni barumsaa daa'ima keessanii gargalcha tokko Onkoloolessa keessa fudhata. Kutaalee maatii fi daa'ima hin fixxu yoo ta'e, Ibsi Ce'umsaa hafe ammallee mana barumsaa daa'ima kee, fi yoo jiraate immoo, tajaajila OSHC isaaniif kan qoodamu ta'a.

Odeeffannoo qooduun daddabarsa daa'immanii gara mana barumsaattii milkeessuuf akka gargaaru qorannoon ni agarsiisa. Haa ta'uyyuu malee, Ibsi Ce'umsaa kun mana barumsaa daa'ima keessanii faana akka qoodamu **hin** barbaaddanii yoo ta'e, hanga gaafa [insert date here] tti barsiisaa wayita daa'imummaa daa'ima keessanii haasofsiisa.

### **Daa'imman keessan mana barnootaatti galmeessisuu**

Bara dhufuuf daa'ima keessan mana barumsaatti hin galmeessisne taanaan, hanga danda'ametti daftanii akka galmeessistaniin isin jajjabeessa. Galmeessisuun manni barumsichaa wantoota dhuunfaa daa'imichaaf barbaachisan akka karoorsuuf gargaara.

Muummeen Barnootaa fi Leenjii waa'ee mana barnootaa seenuu asirraa odeeffannoo barbaachisoo ta'an ni qaba <https://www.education.vic.gov.au/parents/going-to-school/Pages/choose-enrol-school.aspx>.

### **Odeeffannoo dabalataa**

*[please select relevant text based on whether you are providing this information electronically or by hard copy]*

*[Option 1 – direct parents to website – delete whichever option not used]*

Odeeffannoo waa'ee Ibsa Ce'umsaa xumuruu akkasumas jalqabbii mana barumsaa gaarii ta'e qabaachuu irratti odeeffannoo dabalataa argachuuf, maaloo kana daawwadhaa:

- Waraqaa odeeffannoo maatiidhaaf
- Qajeelcha maatiin Ibsa Barnoota Ce'umsaa fi Guddinaa akka xumuraniif isaan gargaaru.

Kunneen toora interneetaa irratti argamu asitti [www.education.vic.gov.au/transitiontoschool](http://www.education.vic.gov.au/transitiontoschool).

*[Option 2 – attach information to letter – delete whichever option not used]*

Waa'ee Ibsa Ce'umsaa xumuruu fi jalqabbii mana barumsaa gaarii ta'e irratti odeeffannoo dabalataa argachuuf, maaloo maxxansa kana ilaalaa:

- Waraqaa odeeffannoo maatiidhaaf
- Qajeelcha maatiin Ibsa Barnoota Ce'umsaa fi Guddinaa akka xumuraniif isaan gargaaru.

Yoo waa'ee ce'umsa daa'ima keessani mari'achuu barbaaddan, maaloo **[insert name of early childhood educator]** haasofsiisaa.

Nagaa wajjiin

**[Name of early childhood educator]**

[Day] [Month] [Year]